Walii-galtee Warra Dantaa keessaa qabanii Woyeesuu

Mataa Dub'i

Gossa adda addaa uf-keessaa qabatu dhaaf muranoon Maneen Barmoota Siyaatil waan biiti guutun itti hinaafan qabna. Wanni ijaaruu barbaanu abdii fi jabeena warra dantaan isaanii Maneen Barmoota Siyaatil Sabaa titi raaraatu wal-waliin midhaaysinee biyya keessatti ka beekkame godhuu dha.

Waan/Haala Furaa tayanii Argaman

Ji'a as deeman kaniin keessati wal-qunamtii warra hawaasa dantaan isaanii Tooftaa Maneen Barmootaa tif lafa kaayuu dhaaf deemn'uf deemna. Haala kana xumuramee Birraa as deemu kana Boordii dhaaf eega dhiyaate maayii, yaada dhiyaatef waan qunamtii waliin goonu iraa baraneen/hubaneen akkeekka cimaa tayetti ijaara.

Haalaf karaan warri dantaa bulchaa maneen barmootaa keessa qaban nuuf hirmaatan bifa adda addaa qaba. Dandeetii teenna woyyeesu dhaaf hirmaatni warra dantaa qabanii ka adaan hin-cinne akka tayu barbaadna:

Warra Baratoota teenna yeroo baaye qooda cimaa akka kennan qaadhimuu – Waan akka Gitaa Gorsitoota Warra Maat'i tayan hundee cimaa lafaa qabna. Warra baratoota keennaa iraa karaa baratoota, bakka itti baratan, maneen barmootaa tif bulchaa itti woyeesuu dandeenu dhagayuu barbaanna.

Itti Gaafatamtoota Hawaasa waliin Qunamtii Cimaa Godhuu – Fedhii baratoota keennaa guutu dhaaf dandeeti qabnu woyeesuu akka dandeenu hawaasni keenna caraa yaadaf hawii isaanii itti nuu hirmaatuu karaa dandayaniin beekkuu barbaadan. Warri dantaa keessa qaban haalaf yeroon yaada/hawiin isaan hirmaatan murteesaa akka taye nuraa beekkuu barbaadan. Gama keenan wanni beekku barbaanu warri dantaa keessa qaban kuniin karaa kamiin isaan beeysisuu akka dandeenu akka nu beeysisan barbaanna.

Hojjatoota ilee Akka Furaa Warra Dantaa Qabanii titi lLaaluu – Barsiiftonni, Itti Gaafatamtooni fi hojjatooni teenna warra bulchaa dhaf warri maat'i amantii iraa qabnii dha. Murtii cimtuu dabarsuu dhaf yaani isaan nu hirmaatan jabaa dha, fi warra maatii dhaa tif warra kaawan mirqaansuu dandeetin isaan qaban haalan barbaachisaa waan tayeef nu isaan akka qabeenaa keennaa titi laala.

Gita Hawaasaa waliin hojjatuu dhaf Xiyeefanaa Godhuu – Warra gargaarsa baratoota, barsiiftota, maneen barmootaa tif bulchaa dhaf keennan/laatan warra cicimaa qabna. Gita nu gargaaran ka lafaa qabnu kaniinitti dhimma bayuu dhaf gargaarsa bakka itti barbaachisaa taye oolchudhaaf tooftaa lafaa qabaatuu qabna.

Saba keenna Abdachiisuu/onnachiisuu – Dhaadanoo, agaree, fi haala itti hojjanu qulquleesinee, qaree, bal'atii ifa baasuu qabna. Karaa ifaa tayeen, karaa iffa bayeen galii keenna himat'uf tarkaanfii gama galii teenaa tarkaanfannu karaa abdii sabni Maneen Barmoota Siyaatil Sabaa irraa qabaatu dandayuun jabeesu dhaaf abdii qabna.

Web-Saayitii Kenna Woyeesuu– Web-saayitiin meeshaa cimtuu nu Maneen Barmoota Siyaatil Sabaa, akka warri maat'i laaftutti dhimma itti bayuu dandayan waan barbaadan baruu/arguu itti dandayan, fi odeefanoo fedhan laafatti argatuu itti dandyan godhuu dha. Dandeetii cimaa naanawa keenna jirru hubatuu dhan, karaan kun karaa gita cimatuu itti lafa kaayyanu jenne amanna. Waani nu warra dhimmi laaluu iraa baruu barbaanu web-saayitii kana iraa maal akka barbaadan beekku dha.

Gaafilee Hawaasaf

- Wanni caalatti baratuu barbaadan maali?
- Wanni ifa hin-tayin maali?
- Wanni nu jala-dabre/ jalaa-miliqe maal isinitti fakkaata?
- Haali qunamtii isin waliin itti goonu takkaa wal-waliin hoojjanu akkami?